

## Boqonnaa Dhukubbii Kanfalamuu fi Yeroo Nageenyaan fi COVID-19 -- Gaaffilee Yeroo Hedduu Gaafatamaniifi Deebiiwwan KAN WAITAAWE 03-18-2020

Hojjattoonni Boqonnaa Dhukubbii Kanfalamuu fi Seera Yeroo Nageenyaan (PSST) akka fayyadaman mirkanneessuun nageenyaafi fayyaa hawaasaa eegsiisuuf keessatti mindeessitoonni fi hojjattoonni kan gahee saanii xabachu danda'u! Galmee kunis waa'ee Boqonnaa Dhukubbii Kanfalamuu fi Seera Yeroo Nageenyaan Seattle irratti gaaffiiwwan qabaachu maltuuf deebii siif kenna. Maaloo odeeffannoo baayyee gadi fagoof marsarii [Wajjira Sadarkaa Ga'umsa Hojjataa \(Office of Labor Standards\)](#) doowwadhu.

Boqonnaa Dhukubbii Kanfalamuu fi Seera Yeroo Nageenyaan (Paid Sick and Safe Time Ordinance):

- Hojjattoonni fi daa'immaan yoo dhukkubsatan akka namoota waliin hojjatan, mana baruumsaa fi maamiltoota irraa fagaachuun mana turuun fayyaa ummataa eeguun ni mirkanneessi
- Tatamsa'ina dhukkubootaa hir'isuun lafa hojii caalaa bu'aa qabeessa ta'e ni uuma
- Sababii hojjattooni mindaasaanii osoo hindhabiin ofiif kunuunsa taasisu danda'aniif ofitti amanamummaa dinagdee ni uma

Gaaffilee G&D Kanaan isinii hindeebine qabduu? Marsariitii keenya [Paid Sick and Safe Time Website](#), do'adhaa, 206-256-5297 n nuu bilbilaa ykn karaa electroonikaa nuquunnama'a.

- Hojjetooti gaaffii fi himata qaban—gaaffii [online inquiry](#) galchaa ykn email gara [workers.laborstandards@seattle.gov](mailto:workers.laborstandards@seattle.gov) ergaa.
- Mindeessitooti gaaffii gargaarsa teknika qabdan gaaffii [online inquiry](#) galchaa ykn email gara [business.laborstandards@seattle.gov](mailto:business.laborstandards@seattle.gov) tti ergaa.

---

**Haaraa!** Seerri kun kan fooyya'e Bitootessa 16, 2020. Jijjiirami kun kan hojiirra oole Bitootessa 18, 2020. Dookumentii kun jijjiiramoota kana dabalachuuf haarome.

### **Kan waitaawe Boqonnaa Dhukubbii Kanfalamuu fi Seera Yeroo Nageenyaan (PSST) maaliidha?**

Boqonnaa Boqonnaa Dhukubbii Kanfalamuu fi Seera Yeroo Nageenyaan waliin hojjattoonni fayadamu danda'aniidha:

- Ofii saanii ykn miseensa maatii dhukkubsatan, miidhama ykn rakkina fayyaa qabaniif kunuunsa
- Kunuunsa ittisaa fi qoricha argachuu ofiif ykn maatiisaaniif gara hakiimaa yoo deeman
- Yoo bakkeen hojiisaanii sababiiwwan fayyaatiif dhiheenya qabaniif jecha qondaaloota ummataatiin cufame
- Yoo manni barnootaa daa'imasaanii ykn bakki kunuunsa sababiiwwan fayyaatiif jecha qondaaloota ummataatiin cufame
- Yoo abbaan taayitaa fayyaa ummataa hojjetooti akka bakkatti of ittisan jedhe.
- Biizinesa hojjetaa sa'a guutuu hojjetu addunyaa irraa 250 ykn isaa ol qabu: yoo bakkeen hojiisaanii sababiiwwan fayyaa kamiifuu ykn nageenyaaf jecha cufame

### **Hojjattoota kamitu PSST argata?**

Seattle keessatti, mindeessaan hojjattoota hundaaf boqonnaa dhukubbii kanfalamuu fi yeroo nageenyaan akka kennuuf seerri ni gaafata. Kunis hojjattoota kan yeroo guutuu, yeroo-tirfii, yeroodhaaf, kan yeroo, kan bilisa taasifame, fi bilisa hintaane kan hammatuudha

### **Hojjattoonni PSST hagamii argatu?**

Boqonnaa Dhukubbii Kanfalamuu fi Seera Yeroo Nageenyaan yeroo turtiin kan argatamuudha. Ammi isaa hanga sa'aatii hojjataan hojjatee fi hanga guddina hojii mindeessaa isaanii irratti hundaa'a. Gadii fageenyaaf, marsariitii [Office of Labor Standards](#) doowwadhu.

### **Hojjataan al tokkootti PSST meeqa fudhachu danda'a?**

Hojjataan kamii fi hanga sa'aatii walitti kufatee hunda fi itti dabaluu hanguma xiqqeenya sa'aatii mindeessaan tibba sa'aatii hojiitti galmeessee fayyadamu danda'a (garuu sa'aa tokkoon ol hinta'u).

### **Hojjataan attamiin madaalli PSST isaa argata?**

Mindeessitoonni wayita mindaan kanfalamu hundatti odeeffannoo kana qooduu qabaatu. Mindeessitoonni hedduun odeeffannoo kana nagahee kanfaltii ykn karaa sirna odeeffannoo kanfaltii intarneetiin akka argatamu taasisu.

Odeeffannoon sanada kana keessatti dhiyaatee kunis kan akka gorsa seeraa ta'uuf yaadame waan hintaaneeff, akka bakka seeraawwanii fi danbiiwwaniitti itti fayyadamuuf hinolu.

Kan gulaalame: 3/18/20

**Kan waitaawe: Yoo sababii yaaddoo fayyaa kan akka COVID-19 umamuutiif jecha qondaaloota ummataatiin bakkeen hojii cufame hojjataan PSST fayyadamu danda'aa?**

Eeyyeen. Akkaataa haalota itti aananiitti

- Yoo bakkeen hojii sababa fayyaa wajjin walqabateef jecha ajaja qondaala ummataatiin cufame mindeessitoonni hundi hojjataan PSST isaa akka fayyadamuuf heeyyamu qabu.
- hojjetaa sa'a guutuu hojjetu addunyaa irraa 250 ykn isaa ol kan qaban mindeessitoonni yoo bakkeen hojiisaanii sababiiwwan fayyaa kamiifuu ykn nageenyaaf jecha cufame. Cufiinsi kun kan dirqiitti kan qondaala ummataatiin ajajame ykn gorfame ta'uu hinqabu.

**Qondaalli ummataa eenyuu?**

Qondaalli ummataa mindeeffamaa motummaa bakka hojii ykn mana barnootaa cufuuf aangoon kennameefiidha. Kunis ganda, bulchiinsa naannoo, ykn aanga'oota federaalaa fi qondaaloota fayyaa ummataa hammachu danda'a (fakk. Siyaatil-King kaawintii Kutaa Fayyaa Ummataa (Seattle- King County Public Health), Jidduugala To'annii Dhukkubaa (Center for Disease Control), ykn Qajeelcha Fayyaa Motummaa (State Department of Health) ykn duree ykn daarektara mana barnoota ummataa ta'u danda'a.

**Kan waitaawe: Yoo manni barnoota ykn bakki kunuunsa miseensa maatii cufame hojjetaan PSST fudhachuu ni danda'aa?**

Eeyyee. Yoo manni barnoota ykn bakki kunuunsa miseensa maatii cufame hojjetaan PSST fudhachuu ni danda'a. haaromsa seeraa kan Bitootessa 20, 2020 dura hojjetootni kan PSST fudhatan yoo manni barnoota ykn bakki kunuunsa mucaa isaanii sababa fayyaan walqabateen ajaja qondaala fayyaa ummataatiin cufame ture. Ammaa, hojjetaan tokko Yoo manni barnoota ykn bakki kunuunsa miseensa maatii kamiyyuu cufame PSST fudhachuu danda'a. Akkasumas, seerri amma kaasee cufamuun sun sababa fayyaan walqabateen ykn ajaja qondaala fayyaa ummataatiin ta'uu hinqabu.

**Kan waitaawe: Eenyutu akka miseensa maatiitti fudhatamaa?**

Miseensi maatii mucaa, warra, dhirsaa/niitii, nama galmaa'ee mana keessa waliin jiraatan, akko, mucaa mucaa ofii ykn obbolaa.

**Kanwaitaawe: Mindeessaan maaliif hojjataan akka PSST fayyadamu barbaadee sababii gadiifageenyaa gaafachu danda'aa?**

Kakki. Hojjattoon maaliif akka PSST fayyadaman sababii isaa himuuf hingaafataman. Mindeessitoonni haala itti fayyadama isaa gaafachuu hinqabani. Maaloo odeeffannoo dabalataaf G&D waliigalaa keenya ilaala'a.

**Kan waitaawe: Mindeessaan haala fayyadama PSST mirkaneeffachuuf yoom hojjataa gaafachuu danda'aa?**

Hojii irraa guyyaa sadii hafnaan, itti fufiinsa PSST tti fayyadamu danda'uu baruuf mindeessaan waraqaa ragaa gaafachuu danda'a. Hojjetaan hayyamamuu isaa malee haala ittiin itti gargaaramu ibsuuf hindirqamu. Mindeessitoonni ragaa gaafachuu hinqabani ammas hanga danda'ametti haala se'anaa kana keessatti hubannaan you dalagan ni jajjabeessina.

Waayee ragaa fi kaffaltii qajeelfamaa kaffaltii ragaaf jech ba'uu baruuf maaloo G&D waliigalaa keenya [comprehensive Q&A](#) ilaala'a.

**Ati hojjataan akka PSST fayyadamuuf gaafachu dandeessaa?**

Lakki. Mindeessitoonni hojjattoonni yoo haala seeraan hin hayyamamneen hojjiirraa hafan akka PSST fayyadamaniif gaafachu hindanda'an.

**Mindeessaan hojjataa dhukkubsate gara manaa akka deenuuf gaafachu danda'aa?**

Seerri PSST mindeessaan sababii hojjataan dhukkubsatuuf jecha gara manaa akka galuuf erguu hindhorku. Seerriwwan bulchiinsa naannoofi gandaa kun seera qabeessa ta'usaa ykn nama tokko gara manaatti erguun barbaachisa ta'usaa kan murteessan ta'a. Fakkeenyaaf, danbiwwan Qajeelcha Fayyaa hojjataan yoo mallattoowwan akka haqqisiisaa ykn dhukkubbii qoonqoo ho'aa waliin kan qabu ta'e mindeessaan tajaajila nyaataa mana hojjataaf akka erguu gaafata. Odeeffannoo dabalataatiif, [Koodii Bulchiinsaa Washington 246-215](#) ilaali ykn [Siyaatil-King kaawintii Kutaa Fayyaa Ummataa](#) quunnamni.

**Sababii hojjataan gara biyya wareerri keessa jiruutti imaleetiif jecha mindeessaan hojjiirraa dhorku danda'aa?**

Waan namni tokkoo gara biyya ta'eetti ykn godina ta'eetti imaluunsaa qofti akka COVID-19 saaxilame qabatamaan kan agarsiisu miti. Wareera COVID-19 dhaaf gareen tokkichi qofti ykn kan akka sababaatti xiyyeeffannaa keessa galu omtu hinjiru. Attamiin akka ittifamu fi loogiif akka itti deebiin kennamu fi odeeffannoo dogongoraa tamsa'uu kana xuquudhaan [argachuu dandeessu](#). Sanyii ykn lammummaa jalqabaa irratti bu'urreeffachuun tarkaanfii mindeessuu fudhachuun loogii akka raawwatameetti fudhatamu danda'a. Odeeffannoo dabalataatiif, [Waajira Mirga Hawaasummaa \(Office of Civil Rights\)](#) 206-684-4500 irratti quunnamni.

Odeeffannoon sanada kana keessatti dhiyaatee kunis kan akka gorsa seeraa ta'uuf yaadame waan hintaaneeff, akka bakka seeraawwanii fi danbiwwaniitti itti fayyadamuuf hinolu.

Kan gulaalame: 3/18/20

**Kan waitaawe: Hojjataan osoo PSST kuufame hunda kan fayyadame ykn hojjataa haaraa boqonnaa omaa hinqabne ta'ee hoo?**

Mindeessan kan inni hojjataadhaa eeyyamu danda'u yoo PSST walittu kuufame qabaate duwwaa dha. Yoo filatan mindeessitoonni boqonnaa kaffaltii waliinii dabalataa ykn boqaonnaatti akkafayyadaman eeyyamu ykn boqonnaa walitti qabame kabiraatt gargaaramuu danda'u; Seerriwwan mindeessaan hojjattootaaf boqonnaa akka kennuuf gaafatan kan biraa: Seera Maatii fi Boqonnaa Wallaansaa, Boqonnaa Wallaansaa Maatii Motummaan Washington Kanfalu, fi seerawwan miidhama qaamaa federaalaa, Bulchiinsa naannoo fi gandaa ni hammata.

Bitootessa 18, 2020 mootummaan hojjettooti tokko tokko yoo PSST kuusame hinqabaanne iyyuu akkaataa itti boqonnaa yeroo dhukkubaa sababa COVID-2019 walqabateen argatan seera yeroo hatattamaa tumee jira. Seerri kun kan hojiirra oolu April 2, 2020 tti ta'a. OLS, akkuma odeeffannoo haaraan argameen waiteessa.

**Hojjataan PSST isaa itti hinfayyadamiin hojjataa biraa PSST barbaadu gargaaruuf karoora kennaa boqonnaa kanfalameetiif kennuu danda'aa?**

Eeyyeen, mindeessaan sagantaa kana hayyamu yoo qabaate ni danda'a. (Seerri kana hingaafatu.)

**Hojjataan nama sa'aatiwwan PSST fudhatu sana haguuguuf barbaaduu qabaataa?**

Lakki. Mindeessaan hojjataan nama sa'aatiwwan PSST fudhatu sana haguuguuf akka barbaaduuf gaafachu hindanda'u.

**Hojjataan Boqonnaa Dhukubbii Kanfalamuu fi Seera Yeroo Nageenyaan fayyadamuurra shiftii geedaruun yeroo qusachuu danda'aa?**

Eeyyeen. Mindeessaafi hojjataan lamaan yoo waliigalan, hojjataan PSST fudhachuurra shiftii geedarachu ni danda'a.

**Hojjattoonni Manneen Barnootaa Ummata Seattle (SPS, Seattle Public Schools) seera Boqonnaa Dhukubbii Kanfalamuu fi Seera Yeroo Nageenyaan Seattle haguugamuu?**

Lakki. Garuu ammoo hojjattoonni SPS muraasni seera Boqonnaa Dhukubbii Kanfalamuu kutaa Washington (Washington State Paid Sick Leave Law) kanfalamuun kan haguugaman ta'a. Waa'ee egumsawwan motummaa irratti odeeffannoo dabalataatiif, <https://lni.wa.gov/workers-rights/leave/paid-sick-leave/> doowwadhu.

**Hojjataan sababiiwwan seeraan eegamaniin alatti PSST fayyadamu danda'aa?**

Eeyyeen. Mindeessaan hojjataan sababiiwwan seeraan hagugamaniin alaaf akka fayyadamuuf hayyamu danda'a.

**Osoon waa'ee mirgoota ykn ittigaafatamummaan seera kana jalatti qaburratti gaaffii qabaadhee eenyuuf bilbiluun danda'aa?**

Maaloo [Seattle Office of Labor Standards \(OLS\)](#) dhaaf [206-256-5297](tel:206-256-5297) irratti bilbiliif ykn marsariitii keenyaa <http://www.seattle.gov/laborstandards> dowwadhu. Gaaffiiwwan deebiisuu fi qabeenyaawwan dhiyeessuu ni dandeenya!

**Waa'ee COVID-19 (kan duraan koronaa vaayirsii jedhamaa ture) irratti fi qophaa'uuf tarkaanffiiwwan fudhachu danda'urratti caalaa eessaan argachu danda'a?**

Marsariitii Siyaatil-King kawintii [website](#) Kutaa Fayyaa Ummataa [extensive FAQ](#) doowwadhuu, COVID-19 irratti odeeffannoo dabalataatiif, kan gaaffiiwwan irra debiin ka'an fi yaadawwan qophaa'insaaf hawaasa guutuuf, manneen barnootaa, bakka hojii fi hojjattoota kunuunsa fayyaaf kennaman ni hammata.

**Haara'a!** Hawaasota COVID-19 miidhaman tajaajiloota jiran baruuf marsariitii [discover resources for communities impacted by Covid-19](#). kana do'adha.